Qabatama dhibee saal-qunamtiin daddarbuu (STD)

Dhukkuba HPV (Genital Warts/HPV)

(vaayrasii human papillomavirus HPV jedhamuun dhufa)

MALLATOOLEE FI AMALOOTA

- Namoonni baay'een mallattoo hin garsiisan
- Erga qabamanii torbelee ykn baatilee keessatti mul'ata ykn hin mul'atu
- Qaama saalaa irrattii ykn naannoo qaama saalaatti ykn huddurratti iitaa laafaa
- Nyaattoo ykn gugguba naannoo qaama saalaa
- Dhukkubni HPVn dhufu buqushaa ykn hudduu keessatti dhokkachuu danda'a
- Dhukkubni HPV waldhaansaan fayyuu danda'a. Garuu madaan HPVn dhufu dafee hin badu
- Dhibeenta 90 kan HPVn faalamanii yeroo woggaa 2 boodi ofiin bada

HAALA DADDARBUUN

Dhukkubni HPV kan daddarbuun:

- Saal-qunnamtii buqushaatiin (vaginal sex)
- Saal-qunnamtii afaaniitiin (oral sex) (hedduu miti)
- Saal-qunnamtii hudduutiin (anal sex)
- Nama dhukkuba HPV qabaniin wol-qunnamuun
- Haadha dhibee qabdurra daa'ima dhalatutti (ni takkata)
- Dhukkubni HPV qaama nama HPVn qabameerraa utuu hin mul'atin hoo kondomii hin godhatin daddarbuu danda'a

RAKKINOOTA DHUKKUBNI KUN FIDU

Yoo yaala argachuu dhabe, dhukkubni HPV:

- Nama saal qunnamtii waliin qabanitti daddarba
- Yeroo daa'imni dhalatu itti darba; dhukkubni HPV qoonqoo daa'imanni qaba (ni takkata)

Hafteen Vaayrasii HPV tokko tokko qormaata Pap (pap tests) dogongora ta'e agarsiisu akkasumas carra naqarsa hormaata dubartii (cervical cancer) ol guddisu. Haata'u garuu, hafteen vaayrasii HPV kun dhukkuba HPV kan mul'atu hin fidan. Dubartiin saalqunnamtii gochuutti jiran woggaa woggaan al-**tokko** qormaata Pap woggaa 3 erga saalqunamtii eegalanii kaasanii ilaalamu qabu. HPVn naqarsa hudduu, afaanii/goongraa, qunxurroo fi bushusha fiduurratti qooda guddaa qabaachuu danda'a.

Hafteen HPV dhukkuba naqarsaan kan walqabatan ykn fidan ta'uu doktorri qorannoo addaa gaggeessuu mala.

ITTISA

- Dubartoota umriin isaanii 9-26 ta'eef tallaalliin dhukkuba HPV kan gosa qaama saalaa dubbartii irratti dhukkuba fiduufi kan naqarsa gadaameessa (cervical cancer) tallaalliin lama yeroo ammaa ni jira.
- Dhiira umriin isaanii 9-26 ta'eef tallaalliin dhukkuba HPV kan qaama saalaa fiduuf tallaalliin tokko jira.
- Qunnamtii saalaa karaa buqushaa (vaginal), afaan ykn hudduu (anal) tiin godhuu dhiisuun dhibeelee saalqunnamtiin daddarban (STDs) ittisa.
- Kondoomii laateeksii, itti fuufiinsaa fi sirritti yoo fayyadaman carraan dhibee HPVn qabamuu ni xinnaata hoo naannoo dhukkuba kanaan madaaye Kondoomiin kan haguugu ta'e. Kondoomitti dhimma bahuun dhibeelee HPVn walqabatan kan akka naqarsa gadameessaa ittisuu danda'a.
- Qunnamtii saalaa buqushaafi hudduu yoo raawwattu hundaa kondomii laateksii fayyadamuu.
- Qunnamtii saalaa afaaniitiif kondomii laateksii qaama saalaa dhiiraa (penis) irratti godhuun fayyadamuu.
- Ittiftuu laateksii (ittisa ilkaanii fi koondomii murtuu walakkaa) qunnamtii saalaa afaanii qaama saalaa fi hudduu irratti fayyadamuu.
- Baayina namoota qunnamtii saalaa wojji taasisan xinneessuu.

QORANNOO FI YAALA

- Yoo dhibeen qabamuu shakkite ogeessaa fayyaatiin qoratami.
- Dhukkuba HPVn dhufu yaalamuun ni danda'ama, garuu HPVn hin fayyu.
- HPVn doktora irraa qoricha argachuun yaalamuu feesisa.
- Qoricha uttuu ajajamiin bittanii fayadamun dhukkuba gosaa tokko yaaluuf naannoo qaama saalaattii hoo godhame miidhaa geessisuu danda'a.

Haftee vaayrasii HPV kan "balaa guddaa" geessuu danda'an naannoo qaama saalaarraa madaa mul'atu garsiisuu dhabuu danda'u. Haa ta'u garuu, hafteen vaayrasii balaa guddaa fiduu danda'anii madaa mul'atu wojjis argamuu mala.

Qaamni namaa utuu waldhaansa hin argatinis ykn waldhaansa argachuun akkuma bubbuluun vaayrasii ofirra qulqulleessuu danda'a.

ODEEFANNOO DABALATAATIIF KAN QUNNAMTU:

Muummee Fayyaa Minnesota
(Minnesota Department of Health)
Kutaa Dhibee Saalqunnamtiin daddarbu/HIV/TB
(651) 201-5414
www.health.state.mn.us/std

Minnesota tti sarara Kallattii Qusannaa Maatiitiif Dhukkuba Saalqunnamtiin daddarbu
1-800-783-2287 Sagalee/Bilbila Duuda'aa;
(651) 645-9360 (Naannawaa)
www.sexualhealthmn.org

Waldaa Fayyaa Hawaasaa Ameerikaanii (ASHA)
www.ashastd.org

Dhukkuba saalqunnamtiin daddarbuufi AIDS toora qunnamtii CDC sadarkaa biyyoolessaa
1-800-CDC-INFO; 1-888-232-6348 Bilbila Duuda'aa
www.cdc.gov/std

Muummee Fayyaa Minnesota kutaa dhukkuba saalqunnamtiin daddarbu/HIV/TB tiin haaromsame, Ammajjii 2015